# yaa Abbaas yaa abbeeraa ergamaa Rabbii, duuniyaa fi Aakhiraatti fayyummaa Rabbiin kadhu

Abbaas ibnu Aabdulmuxxalib irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Yaa Ergamaa Rabbii waan tokko kan ani Rabbii ol ta'een kadhu na barsiisi. Ergamaanis ni jedhani: «Fayyummaa Rabbiin kadhu», guyyaa hanga ta'e tureen, eegasii ammas dhufee akkas jedheen: yaa Ergamaa Rabbii waan tokko kan ani Rabbiin kadhu na barsiisi. Ergamaanis naan jedhani: «yaa Abbaas yaa abbeeraa ergamaa Rabbii, duuniyaa fi Aakhiraatti fayyummaa Rabbiin kadhu».
[kanbirootiin sahiiha] [tirmiziifii ahmad odeessan]

Abbeeraan nabiyyii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- Abbaas ibnu Abdulmuxxalib -Rabbi isa irraa haa jaallatu- nabiyyiin akka du'aa'ii inni ittiin Rabbiin kadhatu isa barsiisanu isaan irraa barbaade, nabiyyiinis -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- fayyaa akka Rabbiin kadhatuu fi aakhiraa fi duuniyaatti balaa fi hirdhina irraa akka najaa baasu akka kadhatu isa barsiisani, Abbaasis ni jedhe: booda guyyoota wohiitii ammas yeroo lammataaf itti deebi'ee du'aa'iin Rabbiin kadhu akka na barsiisaniif isaan gaafadhe, isaanis -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- haala jaalala isaaf agarsiisaniin akks jedhani: yaa Abbaas, yaa abbeeraa ergamaa Rabbii, fayyummaa Rabbiin kadhu, hamaa hunda deebisuu fi toltuu hunda fiduuf akkasumas duuniyaa fi Aakhiraatti faaydaa argachuuf isa kadhu.



النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee